

سُورَةُ الْعَنْكَبُوتِ
Suuraa Kgankabuut

*Dura dursoo suuran tun { suuratulkgankabuut } je'amti .

قبل كل شيء هذه هي سورة العنكبوت

*Isiin suuraa makkaati aayata { 1 - 11 } malee sun ta madiina'aati,

وهي مكية الآية (١ - ١١) فهي مدنية

* Aayanni isi'ii jahaatamii sagali {69}

وآياتها تسع وستون (٦٩)

*Lakkooyisi isi'ii diiddamii sagali {29}.

وترتيبها تسع وعشرون (٢٩)

*Isiin eega suuraturrumii buute

نزلت بعد سورة الروم

* Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbiitii .

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} *Jecha {alif laam miim} kana makgnaa isaa rabbumaatu beekha. ,

الْم ١

*Si namni ni seyaa,

أَحْسِبَ النَّاسَ

*Akkanumaan dhiifamuu,

أَنْ يَتَّكِبُوا

*Matuma amanne jechu'uutin,

أَنْ يَقُولُوا أَمْنَا

2} *Kan hin mokkoromne, odoo wanni

وَهُمْ لَا يَفْقَهُونَ ٢

iimaanni isaanii jabaa tayu'uuffii laafaa tayuu adda baasu isaanitti hin argamne, akkas hin seyin addunyaan tun mana mokkoro'aatii, bakka da' aga'aatii, namni rabbiiti amane, balaa isa tuyxu, takkaa ilmaan isaa tuyxu, takkaa horii isaa tuyxuun mokkoramuu hin oolu, ammallee diliilu ; ;bbuun jaallaturraa dhoowwamee waan akka zina'aa, waan gaarii lubbuun jibitu kan akka jihaadaa horii ifii baasee nama haajamaa gargaaru'utti, ibaadaa adda addatti ajajamee, mokkoramoo hin oolu, aayanni tun jara amane kan kuffaari miidhef buute .

*Ummata isaan duraa warra amane mok-

وَلَقَدْ فَتَنَّا الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

korree jirraajarri sanuu obseeti, diin ifii qabatee irratti goggogee, jazaa warra obsee argatee isinis obsaa, mokkoramuun , aadaa warra amaneetii hanga kan iimaanni jaba'aatifii kuun adda beekkamutti, tanaaf jecha ni mokkoramtanii beekhaa,

*Duuba rabbiin nama dhuga'aan amane mul'isuuftaa'a

فَلْيَعْلَمَنَّ اللَّهُ الَّذِينَ كَفَرُوا

3} * Akkasuma warra iimaana keessatti

وَلْيَعْلَمَنَّ الْكَافِرِينَ ﴿٣﴾

kijibu mulisu'uuf jiraata,maalif namni amanee mokkorame,yoo iimaanni isaa dhugaa taye ni obsa, yoo kaan hin obsuu takkaa ni kafaraa takkaa if ajjeesa .namni obse sawaaba namni biraa argatuu hin dandeenye ,argataa hin beekhuu.

*Si warri dilii dalagu ni seyaa,

أَمْ حَسِبَ الَّذِينَ يَعْمَلُونَ السَّيِّئَاتِ

*Waan nuti isaan hin qixaan'e, kan nu duraa bayan, seyani?

أَنْ يَسْأَلُونَا

4} *Yaanni, yookaa firidiin isaanii waa badu'uu sun rabbi jalaa baanaa yaadu'uu yookaa seyu'uu .

سَاءَ مَا يَحْكُمُونَ ﴿٤﴾

*Namni waan hamtu'uun Rabbii isaa arguu sodaatu, namni sawaaba rabbii argatuu khajeelu argaa rabbiitif haa qophaayuu waan gaarii dalagee, waan hamtuu dhiisu'urratti obsee,

مَنْ كَانَ يَرْجُوا لِقَاءَ اللَّهِ

* Argaan rabbii dhiyo'otti dhuftii wanni dhufatti jim hundi dhiyo'oo

فَإِنَّ أَجَلَ اللَّهِ لَآتٍ

*Rabbiin kan waan gabroottan isaa je'an hunda dhagayuu,

وَهُوَ السَّمِيعُ

5} *Kan waan isaan dalagan hunda beekhu.

الْعَلِيمُ ﴿٥﴾

*Namni qabsoo diinatiifii tan lubbu'uu tan sheyxaanan lolu'uu godhe kan jihaada itti godhe ,

وَمَنْ جَاهِدْ

*Dantaa isaatif qabsoo san godha dantaa rabbiitifii mitii, sheyxaanan loluun, waan inni je'u diduu ,

فَاتِمَا يُجَاهِدْ لِنَفْسِهِ

6} *Rabbiin waan uume hundarraa dureessaa namaafii, malaayka'aafii, jinni'iifii ibaadaa isaanirraa dureessa, ittin haajamu.

إِنَّ اللَّهَ لَغَنِيٌّ عَنِ الْعَالَمِينَ ﴿٦﴾

*Warri amanee, waan gaarii dalage, kan iimaanafii dalagaa gaarii akka salaataa walitti qabate

وَالَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Sababaa dalagaa gaarii saniitii jenne eti, dilii isaanirraa hayn'a, takkaa cubbuu isaanii dhiifna,

لَنُكَفِّرَنَّ عَنْهُمْ سَيِّئَاتِهِمْ

7} *Sawaaba waan isaan dalaganirra gaa-

وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ أَحْسَنَ الَّذِي كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٧﴾

ri'iiti isaanif kennina dachaa goonee, dal-
agaa gaarii takkitti khudhanitti hisaabnefii.

*Ilma namaa haadhaa abaatti toluu isaa
dhaamnee jirra, harkaa fuulan arga'aa jecha-
aan, waan diliin tayin keessatti dubbii isa-
anii dhagay'uun,

*Ammoo yoo haadhaa abbaan kee akka ati
kafartee shariika naaf gootu, akka waan nan
tayin, waan akka taabotaa, namaa jinni'iin ,
mukaa, dhaga'aa ibaadu'utti si dirqan, tak-
kaa jaatanii godhan akka ati kafartu,

*Waan ati akka wanni sun Rabbi taate hin
beyne, kan inumaa akka isiin rabbin tayin
ragaa mul'ata'aan beytu yoo rabbii kee, kan
waan hunda uume, dhiisii, waan isan tayin
gabbari siin je'anii sitti jali abeessan,

*Rabbitti dilaayuu san keessatti , isaan hin
dhagayin, haadhaa abbaa kee hin je'in

*Hundi keessan, duutaniiti, gara kiyya dee-
bitanii ,

8} *Waan isin dalaydan hunda quban qa-
baa isinitti odeessaa, kan gaarii dalagee .;
jannata kenneetan kaan ibidda seensisaa
beekhaa.

*Warra amanee, waan gaarii dalage,

9} *Warra tole keessa isaan seensifna gu-
yyaa qiyaama'aa wajji dirree qiyaama'aa
dhufan. hanga qabrii keessa jiranil lee, lub-
buun isaanii wajji jiraatti.

*Ilmaan namarraa kan afaanin amanee je'u
kan gara'aan kaafiraatu jira, namni afaanin
islaamummaa mul'isee, kufrii gara'atti dho-
oyfatu kun munaafiqqa je'amaa,

*Munaafiqni sun hoggaa kuffaarri islaamu-
mmaa inni afaanin mul'iseef, isa cinqe , ka-
numa gara'aan kaafiraa,

*Cinqii kuffaaraa san, akka azaaba rabbi
godheeti sodatee dubbii kuffaaraa dhag-
ayee kafara,

وَوَصَيْنَا الْإِنْسَانَ بِوَالِدَيْهِ حُسْنًا

وَإِنْ جَاهِدَاكَ لِتُشْرِكَ بِي

مَا لَيْسَ لَكَ بِهِ عِلْمٌ

فَلَا تَطِعُهُمَا

إِلَىٰ مَرْجِعِكُمْ

فَأَنْتُمْ كَرِيمَاتٌ تَعْمَلُونَ ﴿٨﴾

وَالَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

لَنُدْخِلَنَّهُمْ فِي الصَّالِحِينَ ﴿٩﴾

وَمِنَ النَّاسِ مَن يَقُولُ آمَنَّا بِاللَّهِ

فَإِذَا أُذِيَ فِي اللَّهِ

جَعَلَ فِتْنَةَ النَّاسِ كَعَذَابِ اللَّهِ

*Yoo mooyannaan orma islmatiif rabbi keetirraa argatee, horii boojiyan ,

*Ormi munaafiqaa, ormi islaamatiin akki je'u:

*Nutu islaarnumnaa keessatti isiniin wajji jirraa, horii kuffaararraa argatta n nuun gayaa je'an, duuba rabbiin akki je'e .

10} *Si rabbiin waan qalbii gabroota isaa keessajiru kan beekhu hin taanee? ni beekha jechu',wanni qalbii isaanii keessa jim, iimaana tayuu, kufrii tayuu .

*Rabbiin akka inni warra qalbi'in amane beekhu, mul'isu'uuf jiraata,

11} * Akkuma warra afaanin amane kan gara'an kaafiraa beekhuu isaa mul'isu'uu jiraatu, saaxil isaan baasee, rabbiin haala mu'minaatifii haala munaafiqaa mul'iseeti, namuufuu wa an inni haqa godhatu kenna.

*Ormi kuffaaraa, orma islaamatiin akki je'e:

*Kharaa keenya deemaa, diin keenya qabadahaa diinaa kiristaanaa tayuu kan yahuda'aa tayuu ,

*Yoo nu jala deemun dilii qabaate, dilii teessan nuutu isinirraa ba'ataa, duuba rabbiin akki je'e

*Waa takka wanni dilii isaanirraa ba'a tan hinjirtu,

12} *Isaan akkasje'an sun kijiboottaa.

* Jarri kaafiraa sun,qixaaxa dilii isaanit iifii, qixaaxa dilii nama isaan jala deemeti ba'atan, namni wahitti nama qajeelche, akka waan ifii dalageetii ,

13} *Ormi sun guyyaa qiyaama'aa waan akkas je'anii kijibanirraa gaafatamu'uuf taa'an.

*Dhugumaan nabi {nuuhg} ummata isa tti erginee jirra, isaa umriin isaa afurtamaa

وَلَيْنِ جَاءَ نَصْرٌ مِنْ رَبِّكَ

لَيَقُولَنَّ

إِنَّا كُنَّا مَعَكُمْ

أَوَلَيْسَ اللَّهُ بِأَعْلَمَ بِمَا فِي صُدُورِ الْعَالَمِينَ ﴿١٠﴾

وَلَيَعْلَمَنَّ اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا

وَلَيَعْلَمَنَّ الْمُنَافِقِينَ ﴿١١﴾

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا لِلَّذِينَ آمَنُوا

اتَّبِعُوا سَبِيلَنَا

وَلْنَحْمِلَ خَطِيئَتَكُمْ

وَمَا هُمْ بِحَامِلِينَ مِنْ خَطِيئَتِهِمْ مِنْ شَيْءٍ

إِنَّهُمْ لَكَاذِبُونَ ﴿١٢﴾

وَلَيَحْمِلُنَّ أَثْقَالَهُمْ وَأَنْفَالَهُمْ

وَلَيَسْئَلُنَّ يَوْمَ الْقِيَامَةِ عَمَّا كَانُوا يَفْتَرُونَ ﴿١٣﴾

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوْمِهِ

*Duuba bara dhibba sagaliifii shantama ummata isaa keessa taa'e, isaa diinaa Rabbiitti isaan yaamu, duuba amanuu didanii kijibsiisani

فَلَيْتَ فِيهِمْ أَلْفَ سَنَةٍ إِلَّا خَمْسِينَ عَامًا

*Bishaan guddaan dachii hunda liqimse, waan biraa dhiisii gaarenillee liqimse, Sun isaan liqimsee dhuman

فَأَخَذَهُمُ الطُّوفَانُ

14} *Isaanii cubbuu dalagu, isaanii kaafiraa

وَهُمْ ظَالِمُونَ ﴿١٤﴾

*Duuba nuuhgiffii warra isaan wajji safiinaa yaabbate bishaan jalaa nagaya baafne

فَأَنجَيْنَاهُ وَأَصْحَابَ السَّفِينَةِ

*Safiinaa san alaamaa, yookaa gorsa, warra

وَجَعَلْنَاهَا آيَةً لِلْعَالَمِينَ ﴿١٥﴾

isaan booda dhufuuf goone, akka yoo ergamoota isaanii kijibsiisan akkasitti qixaaxammaa irra beekhaniif, {nuuhg} eega bishaan kana atii bara jahaatama yookaa sanii oli taa'e, hanga namni dachii tanarratti heddommaatetti

*Waan ibraahiim ummata isaatin je'e dubbadhu, wanni inni isaaninje'e;

وَإِذْ نُرِيهِمْ إِذْ قَالَ لِقَوْمِهِ

*Rabbi ibaadaa, tokkummaa isaa yaadaa, azaaba isaa sodadhaa, waan inni ji'u dhagayuuun,

أَعْبُدُوا اللَّهَ وَأَنْتَقُوا

*Santu isiniif irra caalaa, taabota ibaaddu dhiisaa,

ذَلِكَ خَيْرٌ لَّكُمْ

16} *Yoo waan isinii tolu kan beytan taatan.

إِنْ كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿١٦﴾

*Wanni isin rabbii achitti gabbartan ,waan faaydaa qabaatii mitii ,

إِنَّمَا تَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

"Waan mukaafii, dhaga'aafii, waan birarraa tolchitan gabbartanii ,

أَوْثَانًا

*Kijiba if biraa kaaftanii, wanni sun rabbitti qixxooyti jettanii ibaaddan,

وَتَخْلُقُونَ أَفْكَأ

Wanni isin rabbi godhattanii, rabbii achitti gabbartan sun,

إِنَّكَ الَّذِينَ تَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Waa takka isinii godhuu hin dandayan , rizqii isinii hiruu hin dandayan, isin hin razaqan,

لَا يَمْلِكُونَ لَكُمْ رِزْقًا

*Rizqii rabbii isin uumerraa barbaadadhaa ,

فَابْتَغُوا عِنْدَ اللَّهِ الرِّزْقَ

*Isurna ibaadaa tokkummaa isaa yaadaa

وَأَعْبُدُوهُ

*Galata isaaf galchaa,

وَأَشْكُرُوا لَهُ^ط

17} *Eega duutanii gara isaati deeffamtanii ,waan isin dalaydanirraa isin gaafataa beekhaa .

إِلَيْهِ تُرْجَعُونَ ﴿١٧﴾

*Yoonif ergamaa keessan kijibsiiftan

وَإِنْ تَكْذِبُوا

*Ummanni isin dura dabre ergamaa isaanii kijibsiisanii jiranii, sun waan ergamaa keenya miidhuu miti,

فَقَدْ كَذَبَ أُمَمٌ مِّن قَبْلِكُمْ^ط

18} *Maalif? wanni ergamaa rabbirra jiru waan Rabbiin isaan erge, dirree baasee ibsee ummata isatti geessu', yoo geessee irraa qeebalan, tolte, yoo kijibsiisan balaan isa geessu hin jirtu.

وَمَا عَلَى الرَّسُولِ إِلَّا الْبَلَّغُ الْمُبِينُ ﴿١٨﴾

*Si ormi kutfaaraa kan qabriii kaafamanii, azaaba, yookaa jannata, seenuu hin dhugo'oomsine sun, akka rabbi in waan uumu jalqabee uumu hin laalanii? Yookaa hin beynee?

أَوَلَمْ يَرَوْا كَيْفَ بَدَأَ اللَّهُ الْخَلْقَ

*Kan eegasii akka jalqabee uumetti deebisee uumu .

ثُمَّ يَعِيدُ^و

*Dura jalqabee uumu'uuffii, eegasii deebisuun,

إِنَّ ذَلِكَ

19} * Rabbirratti laafa'aa , akkamitti uumaa

عَلَى اللَّهِ يَسِيرٌ ﴿١٩﴾

duraa eehamanii? rabbiitu jalqabee uumee dhugo'oomsanii, deebisee uumuu dhugo'oomsuu didan? odoo waan hin jirre uumun waan bade deebisu'urra jabaattu, akka namatti ,am moo rabbi biratti wal qixaa.

*Warra kaafamuun guyyaa qiyaama'aa hin jim je'uun akka jettu: mee biyya lafaa keessa yaa'aadhaa, akka rabbiin warra isin duraa uumaa isaanii itti jalqabee eegasii ajjeese laalaa ,

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ بَدَأَ

الْخَلْقَ^ع

*Duuba Rabbiin isaan uumee ajjeese sun lammada guyyaa qiyaama'aa uumaa biraa isaan uuma, lafe'eefii biyyee isaan tayanirraa,

ثُمَّ اللَّهُ يُنشِئُ النَّشْأَةَ الْآخِرَةَ^ع

20} *Rabbiin waa hundarratti dandaya ' , waan inni dandayurraa warra du'e jiraa-

إِنَّ اللَّهَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٢٠﴾

chisu'

*Rabbiin nama qixaaxuu fedhe ni qixaaxa

يُعَذِّبُ مَنْ يَشَاءُ

*Nama rahgmata isaaf godhuu fedheef ni rahgmata .

وَيَرْحَمُ مَنْ يَشَاءُ

21} *Isin hundi gara isaati deeffamtan.

وَإِلَيْهِ تُقْلَبُونَ ﴿٢١﴾

*Isin rabbi hin dadhabsiiftanii, isin dhaqqaba,

وَمَا أَنْتُمْ بِمُعْجِزِينَ

*Dachi'iifii samii keessattillee isin isan dadhabsiiftan, jalaa hin baatan jechu'u,

فِي الْأَرْضِ وَلَا فِي السَّمَاءِ

*Rabbii achitti waliyyii nama azaaba rabbirraa isin dhoowwu hin qabdan ,

وَمَا لَكُمْ مِنْ دُونِ اللَّهِ مِنْ وَلِيٍّ

22} *Nama isinii tumsee azaaba isaa isinirraa dhowwu hin qabdan .

وَلَا نَصِيرٍ ﴿٢٢﴾

*Warri qur'aana rabbii morome,

وَالَّذِينَ كَفَرُوا بِآيَاتِ اللَّهِ

*Warri qabri'ii kaafamanii rabbii arguu morome,

وَلِقَائِهِ

*Isaan garaa muratan ,

أُولَئِكَ يَلْمِزُوا

*Rahgmata kiyarraa, jannata kiyarraa khajeellaa muratan, waan ittin amanneef jecha,

مِنْ رَحْمَتِي

23} *Isaan sun, warra ibiddi isaan laalessu isaanif qopheeffame, rabbi in qissaa nabi ibraahiimitti deebi'e akki je'e

وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٢٣﴾

*Ummanni ibraahiim, inni karaa rabbitti isaan yamnan, waan bira isaaf hin deebifne,

فَمَا كَانَتْ جَوَابَ قَوْمِهِ

*Nama kana ajjeessaa takkaa gubaa jechuu malee, waan biraa hin jenne, duuba isa guburratti walii galanii ibiddatti darban .

إِلَّا أَنْ قَالُوا اقْتُلُوهُ أَوْ حَرِّقُوهُ

*Duuba rabbiin ibidda isaan itti darban isanirraa nagaya isa baase, akkan gubne godhee,

فَأَنْجَلَهُ اللَّهُ مِنَ النَّارِ

*Ibidda sanirraa nagaya isa baasuu keessa guddina ibidda saniitin wajji dhaamsee akkan gubne godhee, bakka isaa san yaroo xiqqoo keessatti caffè magarsuu keessa gorsaatu jira,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

24} *Warra amantii qabu, kan tokkummaa rabbiitifii dandeytii isaa dhugo'oomsuf, gorsaatu keessajira

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٢٤﴾

*Nabi ibraahiim eega ibidda sanirraa nagaya bayee, ummata isaa, kan mukgijzaa san argee amanuu dideen akki jere

وَقَالَ

*Wanni isin rabbii achitti rabbi godhattanii gabbartan ,yookaa ibaaddan

إِنَّمَا اتَّخَذْتُم مِّن دُونِ اللَّهِ

*Sanamaa waan isin dhaga'aafii waan birraa tolchitanii rabbi jettanii gabbartan

أَوْثَانًا

*Akka bakka itti wal geessanii wal jaalattan isinii tayuuf, addunyaa tanarratti wanni waan san ibaaddaniif akka bakka jaalalaan itti wal geessan isinii tayuufi malee, waan biraatifii miti

مَوَدَّةَ بَيْنِكُمْ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Ammoo guyyaa qiyaama'aa jaalalti isin jiddu'uu baatii, gariin keessan garii keessanitti kafaree moroma ,

ثُمَّ يَوْمَ الْقِيَامَةِ يَكْفُرُ بَعْضُكُم بِبَعْضٍ

*Gariin keessan garii keessan abaara, siitu rabbitti na kafarsiise je'ee

وَيَلْعَنُ بَعْضُكُم بَعْضًا

*Hunda keessan aakhira'atti manni isaa ibidda, bakkeen isin booda itti aantanibidda,

وَمَا أُولَئِكَ إِلَّا نَارٌ

25} *Namni ibidda sanitti gubatu'urraa isin dhowwu, takkaa jalaa isin baasu hin jiru je'een nabi ibraahiim .

وَمَا لَكُمْ مِّن نَّاصِرِينَ ﴿٢٥﴾

*Duuba {luux} ilmi obboleesa ibraahiim nabi ibraahiimitti amane, akka inni nabiiyyii taye dhugo'oomse,

فَأَمَّا لَهُ لُوطٌ

*Nabi ibraahiim warri biyya isaa kan { kgiraaq} itti amanuu dinnaan, akkije'e:

وَقَالَ

*An biyya Rabbiin kiyya itti godaani naan je'ettan godaana je'ee, kgiraaqirraa shaamitti godaanee { hgarraan } qubate ,eegasii {Falasxiin} saara'aafii {luuxin} wajji qubate 26} * Rabbiin jabaa hikmaa qabu, tanaafuu hijraa bayi, naan je'ee, namni dura dursoo biyya kufri'irraa goda anuun karaa godhameef nabi ibraahiimi gaafas umriin isaa torbaatamii shani {75} .

إِنِّي مُهَاجِرٌ إِلَىٰ رَبِّي

إِنَّهُ هُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿٢٦﴾

*Nabi ibraahiimif eega ismaa'iilii ishaag kennine,
 *Ammallee ilma ilma isaa {yakgquub} ilma ishaag isaa kennine ,
 *Eega nabi ibraahiimii nabiyyii hunda ilm-

وَوَهَبْنَا لَهُ إِسْحَاقَ

وَيَعْقُوبَ

وَجَعَلْنَا فِي ذُرِّيَّتِهِ النُّبُوَّةَ

aan isarraa goone,nabiyyii eega isaatii dhufi ,takkaa ilmaan ishaag ilma ibraahiimitti deebi'aa, isaan heddu'uu, takkaa ilmaan ismaa'iil ilma ibraahiimitti deebi'a sun nabi muhammad qofaa nageenyi isarratti haa jiraatuu,

*Kitaabban eega Ibraahiimii buufames, ilmaanurna isaa qofarratti gabaabsine, tanaaf ibraahiim abbaa anbiyaadhaa jedhaniin,

وَالْكِتَابَ

*Nabi ibraahiimif addunya'arrarti galata isaaf galchinee jirra sun namni hundi isa faarsu'uu warri diinaa qabna je'u hundi isa jaalalaaf nuti karaa isarra jirra je'ee dha-addata,

وَأَيَّتَهُ أَجْرَهُ فِي الدُّنْيَا

27} *Nabi ibraahiim aakhira'atti warra tole kan darajaa yookaa sadarkaa guddoo ol aantuu argaturraayi .

وَأَنَّهُ فِي الْآخِرَةِ لَمِنَ الصَّالِحِينَ ﴿٢٧﴾

*Waan nabi {luux} ummata isaatin je'e dubbadhu wanni inni isaanii je'ee:

وَلَوْ طَآءَ إِذْ قَالَ لِقَوْمِهِ

*Isin dalagaa fokkattuu dalaydani isin dhiirti walitti ida'amuu wal fuudhu'uu ,

إِنَّكُمْ لَتَأْتُونَ الْفَاحِشَةَ

28} *Dalagaa badduu tana, namni isin dura dalage jinni'iifii namarraa hin jiru.

مَا سَبَقَكُمْ بِهَا مِنْ أَحَدٍ مِنَ الْعَالَمِينَ ﴿٢٨﴾

*Si isin dhiiratti dhuftanii ,

أَيُّكُمْ لَتَأْتُونَ الرِّجَالَ

*Nama karaa yaa'uu kuttanii waan badduu

وَتَقَطُّعُونَ السَّبِيلَ

itti dalagu'uun, hanga namni karaa isaanii yaa'uu dhiisetti, maalif namuu isaanirraa, cirracha qori'itti naqateeti, kara'arra taa'anii, nama il maltuu demu ,kan karaa san dhufe namuu cirracha, yookaa dhagaa bii mbe'ee saniin darbata ,duuba nama dhagaan isaa irra bu'eetu nama san fuudha, waan inni qabu irraa fudhatee, qaadi'is if biraa qabani, akkanatti waan hamtuu tana dalagu'uun, karaa murtanii

*Dachaa yookaa bakka teessanii haasooy-

وَتَأْتُونَ فِي كَادٍ كُفُّوا الْمُنْكَرَ

tanitti waan fokkattu dalaydani? walitti ida'amuu'uun? waan kana dhiisaa, waan rabbiin jibuu, dhalaa inni isiniif uume fuudhaa, yoommoo diddani, badii teessan itti fuftan rabbiin balaa isinitti buusaa beekhaa je'een

* Jennaanin wanni ummanni isaa isaaf de-
ebase ,waan biraa hin taanee,

*Waan dalaynu hin dhiifnuu , mee balaa
jettu nutti fidi ,

29} *Yoo kan dhugaa dubbattu taate, je-
chuu malee waan biraa hin deebifneef.

30} *Isaan akkas jennaanin yaa rabbi naa
dirmadhuu, na gargaarii azaaba isaan bar-
baadan kana itti buusii warra ba daa kana
lafarraa fixi, je'een, duuba rabbiin luuxif
kadhaa isaa qeebaleef, yookaa dhagayeeff.

*Tanaaf jecha rabbiin, malaaykaa ergee
hoggaa nabi ibraahiim ilma ishaaq je'am-
uun , ammallee ilma irma isaa yakgquubin
gammachiisu'uuf itti mayxe

*Malaaykonni nabi ibraahiim ilmaanin ga-
mmachiifte sun akki jetteen

*Nuti warra ganda {luux} kana fixu'uu ya-
a'u, je'aniin

31} *Warri biyya sanii kuffaaraa.

* Jennaan.nabi ibraahiim akki je'een: ganda
san keessa nabi luuxitu jira je'eeni,

*Jennaan malaaykonni sun, akki je'een nuti
nama ganda san keessa jiru ni beynaa ,

*Luuxifii warra isaa nagaya baafna,

* Jaartii isaa ta kaafiraa malee,

32} *Isiin warra azaaba keessatti hafu ta-
yuun rabbii biratti, dabree jiraa.

*Duuba malaaykonni hoggaa biyya {luux}
dhufee {luuxin} wal argan ,

*Sabahaa isaanitiifrifate

*Isaanif qalbiin isaa rakkatte , waan isaan
suuraa nama babbareeda'aatin, keessum-
maa tayanii dhufaniif, umm anni isaa isaa-
nitti ka'uu sodaate, hoggaa san isaan mala-
aykaa tayuu beysisanii.

فَمَا كَانَ جَوَابَ قَوْمِهِ

إِلَّا أَنْ قَالُوا أَتَيْنَا بِعَذَابِ اللَّهِ

إِنْ كُنْتُمْ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٢٩﴾

قَالَ رَبِّ انصُرْنِي عَلَى الْقَوْمِ الْمُفْسِدِينَ ﴿٣٠﴾

وَلَمَّا جَاءَتْ رُسُلُنَا إِبْرَاهِيمَ بِالْبُشْرَى

قَالُوا

إِنَّا مُهْلِكُوا أَهْلَ هَذِهِ الْقَرْيَةِ

إِنَّ أَهْلَهَا كَانُوا ظَالِمِينَ ﴿٣١﴾

قَالَ إِن فِيهَا لَأوطًا

قَالُوا نَحْنُ أَعْلَمُ بِمَنْ فِيهَا

لَنُنَجِّيَنَّهُ وَأَهْلَهُ

إِلَّا أُمَّرَأَتَهُ

كَانَتْ مِنَ الْغَابِرِينَ ﴿٣٢﴾

وَلَمَّا أَنْ جَاءَتْ رُسُلُنَا لُوطًا

سِعَاءَ بِيهْمٍ

وَصَافٍ بِهِمْ ذُرْعًا

*Hin sodaatin, hin yaaddawin,

وَقَالُوا لَا تَخَفْ وَلَا تَحْزَنْ

*Nuti siifii, maatii tee,nagaya baafnaa,

إِنَّا مُتَجَوِّكُ وَأَهْلَكَ

33} * Jaartii tee dullattii, kaafirtittii malee, isiin akka warra azaaba keessatti hafurraa taate, firdiin itti muramtee jirtii.

إِلَّا أَمْرَانِكَ كَانَتْ مِنَ الْغَيْرِينَ ﴿٣٣﴾

*Nuti warra ganda kanatti azaaba sami'ii buusu`uu deemnaa

إِنَّا مُنْزِلُونَ عَلَى أَهْلِ هَذِهِ الْقَرْيَةِ رِجْزًا
مِّنَ السَّمَاءِ

34} *Sababaa isaan kara'arraa bayaniif.

بِمَا كَانُوا يَفْسُقُونَ ﴿٣٤﴾

*Dhugumaan araddaa ganda sanii mul'atu milikkataaf yookaa gorsaaf dhiifne, araddaa yookaa manootii isaanii kan ummata kanarraa warri dura arge .

وَلَقَدْ تَرَكْنَا مِنْهَا آيَةً بَيِّنَةً

35} *Warra aylifatee.isi'iin gorfamuuf harti {hara luux} je'aniin hanga ammaati jirti, tan bakka gandi sun irraa baderra teessu,tan waa keessatti hin jiraanne, hanga bahara du'aa je'anii yaamanitti .

لَقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿٣٥﴾

*Warra {madyan} je'amutti obboleessa

وَالِى مَدِينِ أَخَاهُمْ شُعَيْبًا

isaanii {shukgayb }erginee jirra isaan ilmaan madyan ilma ibraahiim, shukgaybis gosuma sanirraayi, akaakiyyeen isaanii {madyani} ilmaan nabi ibraahiim afur: ismaakgiil, ishaaq, madyan, mudaayin

*Duuba shukgeybi ummata isatti dhaqee , yaa ummata kiyya rabbii tokkicha ibaadaa ,waan rabbii tokkicha hin tayin hin gabbarinaa,

فَقَالَ يَنْقُومُوا عِبَادُوا اللَّهَ

*Azaaba guyyaa qiyaama'aa sodaadhaa,

وَأَرْجُوا الْيَوْمَ الْآخِرَ

36} *Dilii dalaydani dachii hin balleessina

وَلَا تَعْتُوا فِي الْأَرْضِ مُفْسِدِينَ ﴿٣٦﴾

*Duuba dubbii isaa dhagayuu didanii inumaa kijibiisan,

فَكَذَّبُوهُ

*Hoggaa san jibriil isaanitti iyyee, dachiin isaanin sossootee,onneen isaanii dhootee

فَأَخَذْتَهُمُ الرِّجْفَةَ

37} *Akkasitti bakka jiranitti jilbiinfatanii dhuman .

فَأَصْبَحُوا فِي دَارِهِمْ جَثْمِينَ ﴿٣٧﴾

*Ummata {kgaadifii}ummata{ thamuud}

وَعَادًاوَتَمُودًا

je'amu fin'ee jirra, {kgaad} bitti isaanii yaman hadaramawtiffii umaan jiddu'u, isaan iramis ni je'aman akkuma oromoo je'aman, ummanni {thamuud} je'amu shannyuma kgaadii, haa tayuu bitti isaanii eega yamanirraa godaananii madiina'aafii shaam jiddu'u , bakka diyaar sgaalihg je'amu, su'uudii keessaa,

*Akka aadifii thamuud itti fin 'e,manneen isaanirraa, beytanii jirtan, ona{ kgaad } kan yamanitti argamuufii, ona {thamuud} kan biyya sa'uudi'ii hijritti argamurraa beytan ,

وَقَدْ تَبَيَّنَ لَكُمْ مِّن مَّسْكِنِهِمْ

* Jara fin'e san sheyxaanni kufrii isaanii itti mi'eysee bareechee,

وَزَيْنَ لَهُمُ الشَّيْطَانُ أَعْمَالَهُمْ

*Karaa haqarraa isaan dhoowwe,

فَصَدَّهُمْ عَنِ السَّبِيلِ

38} *Isaan warra aylii qabu turan, haa tayuu aylii isaanii jala deemuu didanii jallatan.

وَكَانُوا مُسْتَبْصِرِينَ ﴿٣٨﴾

* Akkasuma qaarunifii, firkgawnafii, haamaanis fin'ee jirra,

وَقَرُورًا وَفِرْعَوْنَ وَهَامَانَ

*Jara fin'ee san odoo hin fixin dura, muusan mukgjizaa mul'attu'uun isaanitti dhuffee karaa haqatti isaan yaamee,

وَلَقَدْ جَاءَهُمْ مُوسَىٰ بِالْبَيِّنَاتِ

* Addunyaa tanarratti ibaadaa rabbirraa if guddisanii kafaran,

فَأَسْتَكْبَرُوا فِي الْأَرْضِ

39} *Isaan azaaba keenya jalaa hin baane.

وَمَا كَانُوا سَابِقِينَ ﴿٣٩﴾

* Jara fin'ee san hunda,dilii isaanitiin isaan qabnee, isaan qixaan'e ,

فَكَلَّا أَخَذْنَا بِذُنُوبِهِ

*Warra fin'e sanirraa, nama qilleensa jabaa dhagaan keessa j iru itti ergineetu jira, kan akka ummata {luux} ,

فَمِنْهُمْ مَّنْ أَرْسَلْنَا عَلَيْهِ حَاصِبًا

*Isaanirraa nama iyyansi dachii sossoosu fixeetu j ira,kan akka ummata {sgaalihg}

وَمِنْهُمْ مَّنْ أَخَذَتْهُ الصَّيْحَةُ

*Isaanirraa nama dachiin liqimsiteetu jira kan akka qaarun ,

وَمِنْهُمْ مَّنْ خَسَفْنَا بِهِ الْأَرْضَ

*Isaanirraa nama bishaanin fin'eetu jira kan akka ummata {nuuhg} kan akka firkgawnafii ummata isaa,

وَمِنْهُمْ مَّنْ أَعْرَفْنَا

*Rabbiin kan dilii malee isaan fixu hin taan

وَمَا كَانَ اللَّهُ لِيُظْلِمَهُمْ

40} *Haa tayuu isaanumaatu dilii dalagee akka badan if godhee if miidhe.

وَلَكِنْ كَانُوا أَنْفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٤٠﴾

*Warri taabota {asnaama} rabbii godhatee rabbii tokkicha achitti gabbaru kan asnaamni sun nu fayyaddii yaadu, wanni isaan fakkaatan

مَثَلُ الَّذِينَ أَخَذُوا مِنَ دُونِ اللَّهِ أَوْلِيَاءَ

*Sharariitii yookaa saapha phuu,

كَمَثَلِ الْعَنكَبُوتِ

*Sharariitii mana jaaratte, mana roobafii adu'uufii qabanaafii ow'aafii waan isii miidhu irraa hin dhowwine,

أَخَذَتْ بَيْتًا

*Irra laafan manaa, mana sharariiti'iiti duuba warri asnaama {taabota} gabbaru yookaa ibaadu kan nu fayyadaa yaadu haalli isaanii akka haala sharariiti'iiti tan mana isi'ii hin fayyanne jaarattu,

وَإِنَّ أَوْهَنَ الْبُيُوتِ لَبَيْتُ الْعَنكَبُوتِ

4 1} *Odo san beekhanii silaa waan san hin ibaadu.

لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿٤١﴾

*Rabbiin waan rabbii achitti ibaadu ni beekha, waa takka isarraa hin dhokhatuu, isaan qixaaxu'uu jiraata,

إِنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا دَعَوْتُمْ مِنْ دُونِهِ مِنْ شَيْءٍ

42} *Rabbiin jabaa waa hunda injifatu kan kuffaara qixaaxu, kan waan malu malee hin dalayne.

وَهُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿٤٢﴾

*Fakkeessaa qur'aana keessatti dubbanne san hunda

وَتِلْكَ الْأَمْثَلُ

*Namaaf dubbii ibsu'uu goone takkaa finne

نَضْرِبُهَا لِلنَّاسِ

43} *Maymaaka san, namni aylifatu hin jiru, warra waa beekhu, kan dubbii gad qabee laalu malee.

وَمَا يَعْزِقُهَا إِلَّا أَعْلَمُونَ ﴿٤٣﴾

*Rabbiin sarni'iifii dachii haqaan uume,

خَلَقَ اللَّهُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ

*Waan san uumuu keessa ragaa rabbiin dandayaa tayuu garsiisutu jira,

إِنَّكَ فِي ذَلِكَ لَآيَةٌ

44} *Warra rabbii dhugo'oomsuf.

لِلْمُؤْمِنِينَ ﴿٤٤﴾

*Qur'aana rabbiin kee sirratti buuse qara'l dubbisi, deddeebisii gara rabbii keetii dhiyaadhu, siifii ummanni keetis,

أَتْلُ مَا أُوحِيَ إِلَيْكَ مِنَ الْكِتَابِ

*Salaata shaman guutii salaati sharuuxaffii arkaanafii, adaba isi'ii eeggatu'uun wajji , salaanni utubaa diin islaamii, namni salaatu diin isaa jaare, namni salaata dhiise diin isaa diige ,

وَأَقِمِ الصَّلَاةَ

*Salaanni waan hamtu'uufii waan fokkatuu hundarraa nama dhoowite sun salaata guutanii salaatanii keessatuu waan salaata keessa jiraniin waan hamtuu hin dalagan,

إِنَّ الصَّلَاةَ تَنْهَى عَنِ الْفَحْشَاءِ وَالْمُنْكَرِ

*Zikrii rabbiitu gosuma zikrii rabbi hundaatu ibaadaa bira hundarra caala takkaa darajaa guddata,

وَلَذِكْرُ اللَّهِ أَكْبَرُ

45} *Rabbiin waan is in dalaydan mara dhoositanuu mul'iftanuu ,qeessitanuu ,guddifitanuu, ni beekhaa quba qabaa, galata isinii galcha, takkaa qoricha isinii qota .

وَاللَّهُ يَعْلَمُ مَا تَصْنَعُونَ ﴿٤٥﴾

*Warra kitaaba qabu, yahuuda'aafii nasgaaraa,karaa gaari'in malee jecha gaariin malee arnantiitti hin yaaminaa suuta waan aylii seenu itti hima'aa, raga waan jettanii fida'aa, kan humna hin goone, karaa islaamni haqaa isaan beekhuu dandayaniin islaamatti yaamaa.

❖ وَلَا تَجِدُوا أَهْلَ الْكِتَابِ إِلَّا يَأْتِيهِمْ أَحْسَنُ

*Warra isaanirraa isiniin lolu,kan biyya

إِلَّا الَّذِينَ ظَلَمُوا مِنْهُمْ

islaarnaa keessatti, heera islaamni.isa itti bulchu qabatuu didee islaama dura dhaabbate malee, san afaan jaba'aan islaamatti yaamaa, didu humnaan itti yaamaa, maalif ? Roorroo dalaguu isaatiif jecha.

*Nasgaara`aafii yahuudan yoo kitaaba

وَقُولُوا آمَنَّا بِالَّذِي أُنزِلَ إِلَيْنَا وَأَنْزِلَ إِلَيْكُمْ

isaarirraa waa isrutti odeessan .warri jettaniin, nuti kitaaba nurratti bu'etti amanne ,ammallee waan rabbi in isinirratti buusetti amanne, je'aa, ammon hin dhugo'oomsina'aa ammallee hin kijibsiisina'aa itti dhiisaa.

*Ammas wanni isaanin jettan, rabbiin {waaqni} keenyafii waaqni keessan tokko, kan fakkaataa hin qabne,

وَاللَّهُنَّ وَاللَّهُمُّ وَجِدٌ

46} *Nutu rabbii tokkichatti amanna, dubbii isaati dhageenya. waan inni itti nu ajaje da-layna.

وَنَحْنُ لَهُ مُسْلِمُونَ ﴿٤٦﴾

* Akkuma towraatiffii kitaabban biraa isaanirratti buufue,

وَكَذَلِكَ

*Qur'aana sirratti buufue

أَنْزَلْنَا إِلَيْكَ الْكِتَابَ

*Warri kitaaba towraat kennineeffii itti dalagan kan akka abdullaahii ilma salaam , kan akka mootii habasha'aa,

فَالَّذِينَ آمَنُوا مِنْهُمْ أَلْتَمَسُوا

* Qur'aanatti ni amanan, ni dhugo'oomsan,

يَوْمَ نُورٍ بِهِ

*Warra kitaaba hin qabne , kan qur'aana dura kitaabni irratti hin bu'in kan akka orma arabarraayis warra qur'aanatti hoggaa inni bu'u san amanuutu jira,

وَمَنْ هُنَّوَلَاءَ مَنْ يُؤْمِنُ بِهِ

47} *Warra rabbitti kafare malee, namni biraa quraana keenya hin moromu,warri eega qur'aanni haqaa namni inni irratti bu'e haqa dubbataa beekke, eegasii qeebaluu, yookaa fudhatuu dide sun kuffaara moromaadhaa deemu.

وَمَا يَجْحَدُ بِآيَاتِنَا إِلَّا الْكَافِرُونَ ﴿٤٧﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad,ati odoo qur'aanni sirratti hin bu'in, waan kitaaba taye , kan qaraatun hin taane,

وَمَا كُنْتُمْ تَسْتَلُوا مِنْ قَبْلِهِ مِنْ كِتَابٍ

*Akkasuma odoo qur'aanni sirratti hin bu'in , waa takka hin katabdu, waa qara'uuffii waa katabuu hin beytu ,

وَلَا تَحْطُهُ بِرِيمِينَا

*Silaa odoo waa katabu'uuffii qara'uu beytee

إِذَا

*Ni shakka, ni mama. .

لَا رَتَابَ

48} *Ormi yahuuda'aa,Muhammad, kan towraat keessatti dubbatame, hin qara'uu , hin katabuu, kun ni katabaa ni qar a'aa waa isaa miti je'aniiti shakkan.

الْمَبْطُورِ ﴿٤٨﴾

*Qur'aanni ati dhufteen sun aayaata mul'ataa mukgjizaa mul'attuu.

بَلْ هُوَ آيَاتٍ يَتَذَكَّرُ

*Kan qoma warra waa beekhuu keessatti tiyfamu,

*Aayaata keenya hin moromu, qur'aana hin didu,

49} *Warra dilaayuu keessa ,wasanaa baye malee.

*Kuffaarri wanni je'e: .

*Maalif mukgjizaan quraana hin tayin tan akka ulee muusa'aa , gaala saalihg, Muhammadirratti hin buufamne je'an ... duuba rabbiin wanni nabi uhammadiiin je'e:

*Mukgjizaan hundi Rabbi birajirtii .isaatu akka fedhetti,waytii fedhe,abba fedherratti buusaa, ajaja namaatin rabbiin hin deemu,

50} *An ergaa isaa kan isin dinniinu kan dirree bayee azaaban isin sodaachisee, waan inni naan erge isinitti geessee, akka amantan isin godhu, an rabbiitu na dalaysiisa malee, an isan dalaysiisu ji'iin .

*Si nuti qur'aana sirratti buusun, mukgjiza'aaf, isaanii hin gayuu? maalifmukgjizaa bira barbaadan?

*Qur'aana zalaalamii isaanirratti qaraamu, kan hin moofoyne, kan hin dhumne, mukgjizaan bira hundi ni dhumti, mukgjizaan qur'aanaa hin dhumtu,duuba mukgjizaa akkanaa dhiisaniiti mukgjizaa dhumtu barbaadani?

*Qur'aana keessa,

*Rahgmataatu jira, waan jallinarraa qajeello'otti baasutu jira, sun qananii guddo'oo rahgmata bal'aadhaa

*Gorsaatu qur'aana keessajira,

51} *Warra rabbitti amaneef warra waan ati dhufteen dhugo'oosuf .

فِي صُدُورِ الَّذِينَ أُوتُوا الْعِلْمَ

وَمَا يَحْكُدُ يَأَيُّنَا

إِلَّا الظَّالِمُونَ ﴿٤٩﴾

وَقَالُوا

لَوْلَا أَنْزَلَ عَلَيْهِ آيَاتٌ مِنْ رَبِّهِ

قُلْ إِنَّمَا الْآيَاتُ عِنْدَ اللَّهِ

وَإِنَّمَا أَنَا نَذِيرٌ مُبِينٌ ﴿٥٠﴾

أَوَلَمْ يَكْفِهِمْ أَنَّا أَنْزَلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ

يَتْلَى عَلَيْهِمْ

إِنَّكَ فِي ذَلِكَ

لَرَحْمَةٌ

وَذِكْرٌ

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٥١﴾

*Wanni orma kuffaaratiin jettu akkan an ergamaa haqaan isinitti dhufe taye, rabbiin naafii isin jiddu'utti, ragaa tayuun ni gayaa, ragaan biraa hin barbaadamu ,

*Rabbiin waan sami'iifii dachii keessa jiru hunda beekhaa, waa takka isarraa hin dhokattu, tanaaf jecha haalli kiyyaafii keessan, isarraan dhukhatuu odo'on kijiba isarra kaayee na qixaaxa, akkuma isin qixaaxu ji'iin .

*Warri waan kijibatti amane sun warra rabbi dhiisee waan isan tayin kan akka mukaa kan akka jinni'ii kan akka namaa kan akka taabotaa gabbaruu, yookaa ibaaduu,

*Rabbi isaan uumetti kafaranii moromanii .

52} *Warri Rabbi dhiisee waan biraa gabbaru sun isaan warra addunya'aafii aakhiratti khasaamee hoongaye ,waan iimana dhiisanii kufrii filataniif.

*Ormi kuffaaraa qishna'aaf si xiqqeessu'uuf , daffii azaaba nutti fidi yoo wanni dhufteen haqa taye, dhagaa samiidhaa nutti buusi, takkaa azaaba nu laalessu nutti fidi siin je'an ,

*Rabbiin akki je'e: odoo yaroon azaabni isii keessa isaanitti bu'uudhaf godhamte, yookaa maqaa dhawamte, jiraatuu baattee

*Silaa azaabni isaan barbaadan isaanitti dhufa ,haa tayuu waytii santu hin gayinii, tanaaf isaanirraa booda aane,

* Ammoo gaafa waytiin isaa geese ,dingattatti ,tasatti azaabni isaanitti dhufa

53} *Isaanii ifirraa quban qabne, isaanii waytii inni dhufu hin beyne,

*Isaan azaaba addunya'atti nutti fidi je'anii, akka waan azaabni isaanirraa fago'otti si jarjarsiifatan,

قُلْ كَفَىٰ بِاللَّهِ بَيْنِي وَبَيْنَكُمْ شَهِيدًا

يَعْلَمُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَالَّذِينَ آمَنُوا بِالْبَاطِلِ

وَكَفَرُوا بِاللَّهِ

أُولَٰئِكَ هُمُ الْخَاسِرُونَ ﴿٥٢﴾

وَسَتَعْلَمُونَكَ بِالْعَذَابِ

وَلَوْلَا أَجَلٌ مُّسَمًّى

لَجَاءَهُمُ الْعَذَابُ

وَلَيَأْتِيَنَّهُمْ بَغْتَةً

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٥٣﴾

يَسْتَعْلَمُونَكَ بِالْعَذَابِ

54} *Odo ibiddi jahannam kaafiraan marsee jiruu, guyyaa qiyaama'aa kan bakka itti jalaa bayan hin qabne

*Guyyaa azaabni isaan hagoogu,

*Isaan gubba'aan itti dhufee,

*Ammallee miila isaanii jalaan itti dhufee, isaan hagoogu .

*Gaafas kuffaaran rabbiin ni je'a karaa ma-laayka'aatin

55} *Qixaaxa waan addunya'arratti dalaguu turtanii dhandhamaa nu jalaa hin baatanii.

*Yaa gabrootan kiyya, kanneen natti amane,

*Dachiin tiyya bal'oodhaa,bakka itti ibaadaa tiyya mull'isuu dadhabdanirraa, biyya taanitti godaana'aa,

56} *Achitti na ibaadaa dua sodaaaf.cinqii sodaaaf jaalala biyyaatif, bakka diinni keessan itti is in miidhu hin taa'inaa,du'aniituu biyyaa ammallee waanjaalatan keessaa numa bayanii

*Lubbuun hundi,du'a dhan dhamtii ,du'arraa hafiinsi hin jiruu, du'a soda'aaf, diin keessan guddisuu hin dhiisinaa

57} *Eega duutanii qabri'ii isin kaafneti, gara keenya deebitanii.

*Warra rabbitti amanee,waan gaarii dalage

*Ni qubsiifna, qubsiisuu hin oollu

*Jannata keessa bakka ol aantuu seensifna,

*Jannata masnoo isi'ii keessa manneen isi'ii jala laggeen olii gad yaa'u .

* Kan zalaalamii jannata san keessa jiraatan.

58} *Sawaabni warra dalagatee waa tolee, sun jannataa

وَإِنَّ جَهَنَّمَ لَمُحِيطَةٌ بِالْكَافِرِينَ ﴿٥٤﴾

يَوْمَ يَعْشَاهُمْ الْعَذَابُ

مِنْ فَوْقِهِمْ

وَمِنْ تَحْتِ أَرْجُلِهِمْ

وَيَقُولُ

ذُوقُوا مَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٥٥﴾

يَعْبَادِي الَّذِينَ آمَنُوا

إِنَّ أَرْضِي وَاسِعَةٌ

فَإِنِّي فَأَعْبُدُونَ ﴿٥٦﴾

كُلُّ نَفْسٍ ذَائِقَةُ الْمَوْتِ

﴿٥٧﴾ ثُمَّ إِلَيْنَا تُرْجَعُونَ

وَالَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

لَنُؤْتِيَنَّهُمْ

مِنَ الْجَنَّةِ عُرْفًا

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

خَالِدِينَ فِيهَا

نَعْمَ أَجْرُ الْعَامِلِينَ ﴿٥٨﴾

*Warri sawaaba gaarii san argatu, warra ibaadaa rabbirratti obse, warra dili'irraa obse , warra balaa isaan tuyxurratti obse, 59} * Warra rabbii isaan irratti irkatu, nama obsee Rabbitti irkate. rabbiin bakka inni hin beynee isa razaqa.

الَّذِينَ صَبَرُوا

وَعَلَىٰ رَبِّهِمْ يَتَوَكَّلُونَ ﴿٥٩﴾

*Bineensa lafarra yaa'u takkaa bararu mee-qaatamiitu jira kan waan jiratun dalagatuu hin dandeenye laafinaaf kan boruuf waa ol

وَكَايْنٍ مِّنْ دَابَّةٍ لَا تَحْمِلُ رِزْقَهَا اللَّهُ يَرْزُقُهَا وَإِيَّاكُمْ

kaayatuu hin beyne. kan waan inni jiraatun hunda isaa hiru kan isi'iifii isinille'ee razaqu rabbi, waaqa duuba mu'minni dhuga'aa hiyyummaa soda'aafbakka itti midhamurraa, deemee, biyya birratti galuu hin sodaatu, rabbiitu bakka dhaqetti isa razaqaa, bineensa waan beyne, laalaa sanuu isumaatu razaqaa .. wanni aayanni tun buutef: gaafa dura islaamni dhufe, warri makkaa, kuffaarri warra amane akkaan cinqe hanga diin ifii mul'isuu dadhaban takkatti, hoggaa san rabbiin achirraa godaanaa, biyya diinaa keessan itti mul'isuu dandeesanitti galaa je'een, hoggaa san narnni gariin, biyya horii keessaan qabne, kan sinqii ifiin wajji fudhatuu hin dandeenye keessa akkamiin jiraanna jete, jennaan rabbiin hin sodaatinaa, naatu isin razaqaa, bineensa lallaafa'aayuu, ana atu razaqaa, rabbitti irkadhaa, waan feetan isa khadhadhaa je'een ,duuba akkasurnatti isaan razaqe,

*Rabbiin kan waan is in jettan dhagayuu,

وَهُوَ السَّمِيعُ

60} *Kan waan isin gara'aa qabdan hunda beekhuu .

الْعَلِيمُ ﴿٦٠﴾

*Yoo orma kuffaaraa gaafatte,

وَلَيْن سَأَلْتَهُمْ

*Eenyu narnni sami'iifii dachii uurne? Jettee gaafatte.

مَنْ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

*Yoo eenyu namni adu'uufii ji'a namaaf laaffisee, akka namaaf ifsan godhe? Jettee gaafatte,

وَسَخَّرَ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ

*Namni waan san uume kan akkas dalage rabbi je'an,

لَيَقُولَنَّ اللَّهُ

61} *Duuba eega kana beekanii, tokkummaa isaa yaadu'urraa, isa qofa ibaadu'urraa, eessa mayfaman, yookaa goran .

فَأَنَّى يُؤْفَكُونَ ﴿٦١﴾

*Rabbiin gabroottan isarraa , narnaa fedheef rizqii bal'isa, isa mokkoru'uuf galata galchaaf moo hin galchuu laalu'uuf , duuba nama galata isaa galcheef ni ida'aa kaan irraa mura.

اللَّهُ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَن يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

*Rabbiin abbaa fedhetti gabroottan isarraa , rizqii dhiphisa ni obsa moo, hin obsuu laalu'uuf . nama obseef jannata kannaa , kaan azaaba seensisa .

وَيَقْدِرُ لَهُ

62} *Rabbiin kan waa hnda hunda beekhu

إِنَّ اللَّهَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿٦٢﴾

kan nama yoo itti bal'ise qajeelu, kan yoo itti dhiphise jallatu , kan yoo itti dhiphise qajeelufii, kan yoo itti balise jallatu hunda addaan beekhu , kan waan gabroottan isaatii tolu beekhu Rabbi {waaqa} wanni gabroottanirra jiru waan Rabbiin dalage jaalatu'u

*Orma kuffaaraa yoo eenyu namni bishaan roobaa sami'ii buuse ? jettee gaafatte,

وَلَمَّا سَأَلْتَهُمْ مَنْ نَزَّلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

*Kan rooba saniin dachii goggoydee duute jiraachisee , akka waa magarsitu godhe? eenyu jettee gaafatte,

فَأَحْيَا بِهِ الْأَرْضَ مِنْ بَعْدِ مَوْتِهَا

*Namni san dalage waaqa je'an, duuba akkamitti rabbii yookaa waaqa waan san uumetti, waan biraa qixxeessan

لَيَقُولَنَّ اللَّهُ

*Wanni isaanin jettu galanni kan rabbiiti kan haqa mul'ise. kan afaanuma kees saniin ifitti masakkartan yookaa ragaa baatan

قُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ

63} *Haa tayuu irra hedduun isaanii aylii hin qaban, dubbiin isaanii wal diiydi , kan waa hunda rabbiitu uumee isaatu razaqa, jecha'aa waan rabbin tayin ibaadan, waan isan tayin gabbaran

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْقِلُونَ ﴿٦٣﴾

*Jiruun addunya'aa waan biraatii miti

وَمَا هَذِهِ الْحَيَاةُ الدُّنْيَا

*Waan nama dagu, kan faaydan isi'ii daflee dhabamtu.

إِلَّا لَهْوٌ

*Waan taphaa, kan faaydan takka keessan jirre. ammoo wanni akka tawhiidaa zikrii

وَلَعِبٌ

ibaadaaa, waan aakhi ra'aati jeamaa isatti rarra'anii dalaguun, tapha hin jeamu . waan kana hin tayinitti rarraanii dalagu'uutu tapha jeama. waan dafee arga-mee

, dafee, dhabamu. akkuma tapha joollee kan walitti qabamanii , taphat anii , waa xiqqo booda adda facean jiruun addunyaaa akkasi

*Ammoo jiruun aakhira 'aa, manni aakhira`aa.

وَأَنَّ الدَّارَ الْآخِرَةَ

*Isi'i jiruun zalaalamiii tan dhabamne . tan cinqiin keessan jirre .

لَهَا الْحَيَواتُ

64} *Odoo silaa beekhanii aakhiraaaf dalaguu maraxatan, haa tayuu jiruun aakhira`aa

لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿٦٤﴾

jiruu addunyaarra caaltii hin beekhanii, tanaaf addunyaaaf dalaguu malee, aakhiraaaf dalaguu dhiisan namni aylii qabu , nama waan faaydaa aakhira'aa qabuufii, waan faaydaa addunyaaa qofa qabu ,adda baree,hanga addunyaa tannaarra jiru,waan faaydaa aakhiraaa isaaf qabu, dalagu. addunyaan tun , rabbi biratti goflaa bookheee hin miizaantuu.

*Ormi kuffaaraa , kan rabbi achitti , namaafii muka faa gabbaru. hoggaa doonii yaa-bbatanii,balaan isaanii bahara keesa jiru itti argamte tan akka qilleensa jabaa , doonii gara qalchuu faan .

فَإِذَا رَكِبُوا فِي السَّمَاءِ

*Yaa Rabbi nu baasi jeaniiti, rabbii tokkicha kan waa hunda uume khadhatan diin isaaf qulqulleessanii. kan nam tokkollee isaan wajji hin yaamanne

دَعَوْا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ

*Duuba hoggaa rabbiin, waa hunda uume sun, balaa isaanirraa qabee, bahara keessaa nagayaan lafatti isaan baase

فَلَمَّا بَجَّتْهُمْ إِلَى الْأَرْضِ

65} *Isaan rabbitti waa qindeessan ,yookaa qixxeessan waan isa hin tayin gabbaranii.

إِذْ هُمْ يُشْرِكُونَ ﴿٦٥﴾

*Nikgmaa yookaa qanani nuti isaanii kenninetti kafaru'uu yookaa isii moromu'uu jecha ,bakka isaaf galata galchan itti kafaran jechu' ,

لِيَكْفُرُوا بِمَا آتَيْنَاهُمْ

*Sanama yookaa taabota gabbaru'urratti wal gayanii gammadu'uuf, rabbitti waa qindeessan, takkaa jarri sun sanamarratti wal gayanii haa qanani'anii

وَلِيَتَمَنَّوْا

66} *Qixaaxa isaan mudatu, beekhu'uuf taa'anii .

فَسَوْفَ يَعْلَمُونَ ﴿٦٦﴾

*Si kuffaarri makkaa hin beynee? akka nuti biyya isaanii {makka} harama yookaa bakka nagayaa goone,

أَوَلَمْ يَرَوْا أَنَّا جَعَلْنَا حَرَمًا آمِنًا

*Kan namni isaan maddi'ii boojiyamu kan

وَيُخَظِّفُ النَّاسَ مِنْ حَوْلِهِمْ

kuun ajjeefarnu, kan ormi arabaa kan biyoota naannoo isaanii jirt utti, wal fixu, kan isaan waan san hundarraa najaa bayan, kan balaan umma nni biraa keessajiru, isaan hin geenye, waan rabbi in makka keessatti wal ajjeessu'uufii, wal boojiyuu haraam godheef,

*Si isaan odoo kana hunda arganuu sanamatti amananii taabota yookaa nama rabbi godhatanii,

أَفِيَ الْبَطْلِ يُؤْمِنُونَ

67} *Nikgmaa rabbiitifii, Rabbii qananii isaanii kennetti kafaranii? qananii isaa moromanii? waan rabbi hin tayin gabberanii?

وَبِعِزَّةِ اللَّهِ يَكْفُرُونَ ﴿٦٧﴾

*Eenyu namni, nama kijiba rabbirra kaayerra, dilii, yookaa cubbuu dalage? Namni nama rabbiin hiriya qaba je'ee, kijiba rabbirra kaayerra dilii dalage hin jiru jechu'

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنِ افْتَرَى عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

*Takkaa nama nabiyyii isatti dhufe kijibiise, kan qur'aana kij ibsiiserra eenyutu cubbuu dalage? kan isarra cubbuu dalage hin jiru jechu' {haqqiin} nabii, yookaa kit-aabaa,

أَوْ كَذَّبَ بِالْحَقِّ لَمَّا جَاءَهُ

68} *Si ibidda jahannam keessa bakkeen kuffaarri qubatu hinjirtuu? nijirti jechu'u.

أَلَيْسَ فِي جَهَنَّمَ مَثْوًى لِّلْكَافِرِينَ ﴿٦٨﴾

*Wrii qabsoo nuu jecha godhe , lubbuu ifiitin wajji qabsoo godhee, dubbii rabbi fudh-

وَالَّذِينَ جَاهَدُوا فِيْنَا

rabbii fudhachiisee, sheyxaanan wajji qabsoo godhee, waan inni isatti bareechu fudhatuu didee, kuffaaran wajji qabsoo godhee, isaanif gad je'uu didee, nama karaa rabbi keessatti qabsoo rabbumaa je'ee godhe, lubbu'uun godhuu, hori'in godhuu, qalamaan godhuu, afaanin godhuu,

*Karaa nu biraan, rahgmata keenyan isaan gayu, isaan qajeelchina. isaanif laaffifna, isaanii tumsinee, gargaarree

لَهُدْيَتِهِمْ سَبِيلًا

69} *Rabbiin warra dalagaa islaamaa tolche wajjiinjira, gargaarsa isaatin .

وَإِنَّ اللَّهَ لَمَعَ الْمُحْسِنِينَ ﴿٦٩﴾